# Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuu kan heddummeessu turani: «Yaa kan qalbii garaggaggalchitu qalbii kiyya amantii kee irratti raggasisi

Anas irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jechuu kan heddummeessu turani: «Yaa kan qalbii garaggaggalchitu qalbii kiyya amantii kee irratti raggasisi», nan jedhe: yaa ergamaa Rabbii, sii fi waan ati ittiin dhuftetti amannee jirra, nurratti ni sodaattaa? isaanis ni jedhani: «eeyyeen, qalbiin quboowwan Rabbii keessaa quba lameen gidduutti argamti akka fedhe isii garaggaggalcha».
[sirrii] [tirmiziifii ahmad odeessan]

Irra guddaa kadhaa ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- amantaa fi ibaadaa irratti ragga'uu akkasuma jallinaa fi karaa irraa ba'uu irraa fagaachuu Rabbiin kadhachuu ture. Anas bin maalik -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kadhaa kana heddummeessuu isaanii ajaa'ibsiifate, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- qalbiiwwan qubootii Rabbii keessaa quba lameen gidduu akka jirtu akka fedhetti akka isii gaggargalchu isatti himani, qalbiin buufata iimaanaatii fi kufriiti, qalbiin qalbii(kan garagalu) jedhamee kan waamameef gaggaragaluu waan heddummeessuuf jecha; inni gaggaragaluu distii yeroo danfitee caalatti gaggaragala, Rabbiin nama fedhe qajeeluma irratti gadi isa dhaabee diinii irratti isa raggaasisa, nama fedhe immoo qalbii isaa qajeeluma irraa gara jallinaatti isa oofa.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3142